Australian Government
Department of Social Services

Okkora/gajahumsa man-keessaa fi maatii

Okkorri/gajahumsi man-keessaa fi maatii Australia keessatti hin fudhatamu.

Okkorri/gajaumsi man-keessaa fi maatii yakka faallaa seeraa ti.

Dhiiras tahe dhalaa, namootni yakka kana raawwatan gara mana hidhaa geessamuu danda'amu.

Yoo ofii kees tahe namni ati beektu balaa akkasii keessa jiraate Police **000** bilbili.
Police Australia ni amanamu; waan ati itti himtus dhoksaatti qabama.

Gorsaa fi odeeffannoo hiccitii, kan tolaa argachuuf, 1800 RESPECT on **1800 737 732** bilbili.

Afaan deebisa yookaan afaan hiika yoo barbaadde **131 450** bilbili.

Mootummaan Australia (Australian Government) okkora/gajahumsa man-keessaa fi maatii haala kam keessattuu hin sarmu; tole hin jedhu.

Okkoorri/gajahumsi man-keessaa fi maatii amaloota yookaan sodaachisa dhiirri dhalaa irratti yookaan dhalaan dhiira irraan geessisu kan nageenya ofii yaaddoo kessaa galchuu dha. Okkorri/gajahumsi qe'ee keessaa fi maatii kan inni dabalu:

- rukuttaa,
- hudhicha,
- maallaqa barbaachisaa tahe dhorkachuu fi irraa qoqqobuu,
- abbaa warraa yookaan haadha warraa fi maatii ugguruu, adda baasuu,
- arrabsuu yookaan guyyuu abbaa warraa yookaan haadha warraa dinniinuu,
- ijoollee yookaan beeylada man-keessaa miidhuuf ittiin doorsisuu/sodaachisuu.

Dubartootni dhiirotaan qixa mirga qabu.

Seerri Australia dubartootaa fi dhiirota wal qixa ilaala/tajaajila..

Eenyu illee jeequmsa malee hariiroo gammachuu qabaatee hawaasa keessa jiraachuuf mirga itti qaba.

Dubartootni dabaa fi miidhaa isaan irra gahu fudhatuu hin qaban.

Tajaajilli gargaarsaa kan aadaas kabaju Australia keessa ni jiran.

1800 RESPECT jedhu kun Australia keessatti Tajaajila Biyyoleessa kan Miidhaa Salaa, Okkora/gajahumsa maatii fi man-keessaa gorsuuf dhaabbate.Innis bilbilaa fi sararaa gubbaatiin odeeffannoo fi grosa tolaa fi dhoksaa kenna. Gorsitootnis, si dhaggeeffatanii, gaaffii kees siif deebisuutti dabalee tajaajila kan biraa naannoo kee jirutti si dabarsu.

1800 737 732 bilbili yookaan mar-sariitee (website) 1800 RESPECT **www.1800RESPECT.org.au** laali**.**

Afaan deebisa yookaan afaan hiikaa ni barbaaddaa?

Tajaajila Jijjiirraa (translating) fi afaan Deebisa/Hiikkaa (TIS) **131 450** irratti tola bilbili. TIS tajaajiloota kan biro waliin akka wal agartu si gargaara. TIS gorsa siif hin kennu.